QAJEELFAMA: BUUK-LEETIIN KUN GAAFFILEE FILANNOO BARNOOTA LAMMUMMAA FI AMALA GAARII KUTA 8FFAAF QOPHAA'EEDHA. WALUUMAAGALATTI GAAFFILEE FILLANNOO 60 QABATA. GAAFFILEE ARMAAN GADITTI DHIHAATANIIF DEEBII BAAY'EE SIRRII TA'E FILANNOOWWAN DHIHAATAN KEESSAA FILACHUUDHAAN WARAQAA DEEBII SIIF KENNAME IRRATTI GURRAACHESSUUN DEEBISI.

1. Sirna diimookiraasii keessatti murteessummaan Sagalee wayyabaa fi kabajamuun mirga hagoo maali agarsiisa?
   A. Yaadni sagalee caalmaa argate mirkanaa'uu
   B. Yaadni deeggarsa namoota muraasaa argate mo'achuu
   C. Yaada mormii dhiheessuun kan hindanda'amne ta'uu
   D. Yaada adda addaa keessummeessuu dhiisuu
2. Uummanni biyya tokko keessa jiraatu waan bakka bu'oonni uummataa hojjetan beekuu fi odeeffannoo argachuun maal jedhamee beekama?
   A. Waldanda'uu C. Walqixxummaa
   B. Iftoomina D. walkabajuu
3. Kanneen armaan gadii keessaa mirgoota namummaa kan ta'e isa kami?
   A. Mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu
   B. Mirgoota gurmaa'uu fi hiriira nagaa bahuu
   C. Mirga ofiin of-bulchuu sabootaa, sablammootaa fi uummattootaa
   D. Mirga lubbuun jiraachuu fi amantii barbaadan hordofuu

4. Qajeelfama sirna diimookiraasii ta'uu kan danda'u isa kami?
   A. Olaantummaa bulchiinsaa
   B. Olaantummaa heeraa fi seeraa
   C. Olaantummaa abbootii taayitaa
   D. Olaantummaa qaama seera raawwachiisuu
5. Akka heera Mootummaa Federaalawaa Diimookiraatawaa Rippuubiliika Itoophiyaa yeroo ammaatti aangoo mootummoota naannolee kan ta'e isa kami?
   A. Baankii biyyooleessaa hoogganuu
   B. Imaammata biyya alaa hoogganuu
   C. Raayyaa ittisa biyyaa hoogganuu
   D. Humna poolisii naannoolee hoogganuu
6. Akka heera Mootummaa Federaalawaa Diimookiraatawaa Rippuubiliika Itoophiyaa yeroo ammaatti, qaamni seera tumuuf aangoo qabu isa kami?
   A. Mana maree federeeshinii C. Mana murtii fi gumii abbootii seeraa
   B. Mana maree bakka bu'oota uummataa D. Mana maree ministeerotaa
7. Walqixxummaa dubartoonni fi dhiironni waliin qaban kan **hinibsine** isa kami?
   A. Dubartoonni qabeenyaa horachuu fi bulchuu
   B. Dubartoonni aangoo siyaasaa qabaachuu
   C. Dubartoonni hojii mana keessaa qofa hojjechuu
   D. Dubartoonni dhimma hawaasummaa keessatti hirmaachuu

8. Akka heera Itoophiyaa yeroo ammaatti, mirga amantii lammiin tokko qabu kan **hinibsine** isa kami?
   A. Amantii ofii barsiifachuu
   B. Amantii barbaadan hordofuu
   C. Amantii nama biroo balaaleffachuu
   D. Miseensota amantichaa karaa sirrii ta'een horachuu
9. Malaanmaltummaa waliin hariiroo kan **hinqabne** isa kami?
   A. Misooma biyyaa boodatti hambisa
   B. Misooma biyyaa ariifachiisa
   C. Sirna diimookiraasii kan diigudha
   D. Olaantummaa seeraa balleessa
10. Malaanmaltummaa ittisuuf gahee kan **hinqabne** isa kami?
   A. Hawaasa C. Mana murtii
   B. Bulchiinsa mootummaa D. Deebiin hinkennamneef
11. Lammiileen lubbuu, qabeenyaa fi jireenya isaaniitiif dahoo seeraa argachuun maal jedhamee beekama?
   A. Waabii seeraa qabaachuu C. Ogummaa Seeraa qabaachuu
   B. Hubannoo seeraa qabaachuu D. Beekumsa seeraa qabaachuu
12. Tarkaanfii namoota malaanmaltummaa hojjetan irratti fudhatamuu qabu keessaa kan **hinjajjabeeffamne** isa kami?
   A. Malaanmaltoota saaxiluu C. Seeratti dhiheessuu
   B. Malaanmaltoota hidhanii reebuu D. Adabbii barsiisu fudhachuu

13. Sadarkaa biyyoolessaatti nageenya biyyaa balaaf saaxiluu kan danda'u isa kami?
    A. Garaagarummaa jiru kabajuuf hojjechuu
    B. Birmadummaa biyya ofii eeggachuuf hojjechuu
    C. Dhimma biyya biroo keessa seenuuf hojjechuu
    D. Aadaa waldanda'uu gabbifachuuf hojjechuu
14. Hojmaata loogummaa ittisuuf gochi geggeessitoota irraa **hineegamne** maali?
    A. Seera bu'uureffachuun hojjechuu
    B. Lammiilee walqixa ilaaluu
    C. Mataa isaanii giddu-galeeffachuu
    D. Amanamummaan hojjechuu
15. Walitti bu'iinsa karaa nagaa hiikuuf barbaachisa kan **hintaane** isa kami?
    A. Garaagarummaa jiru balleessuu
    B. Aadaa waldhaggeeffachuu gabbifachuu
    C. Aadaa waldanda'uu gabbifachuu
    D. Wal-hubachuu

16. Sadarkaa biyyaatti dhimmi icciitiin qabamuu qabu isa kami?

    A. Gocha malaanmaltummaa

    B. Gocha nageenya biyyaa balaaf saaxilu

    C. Gocha kiraasassaabdummaa

    D. Gocha loogummaa

17. Kanneen armaan gadii keessaa ***qaamni Icciitii maatii*** beekuun irraa eegamu isa kami?

    A. Qaama seera hiiku
    C. Qaama seera raawwachiisu

    B. Qaama seera tumu
    D. Miseensota maatichaa

18. Mirgoonni walqixxummaa afaanotaa maaliin ibsama?

    A. Afaan Sabootaa, sablamootaa fi uummattota walqixa kabajamuu

    B. Afaanonni saboota muraasaa qofti xiyyeeffannoo argachuu

    C. Afaan tokko qofa guddisuuf xiyyeeffannoo kennuu

    D. Afaan hojii biyyoolessaa qofti xiyyeeffannoo argachuu

19. Lammiileen miira jaalala biyyaa cimaa ta'e qabachuun bu'aan isaa maali?

    A. Mataa isaanii qofa akka jaallatan taasisa

    B. Eenyummaa isaanii akka dagatan taasisa

    C. Ittigaafatamummaa lammiileen qaban xiqqeessa

    D. Nageenyaa fi tasgabbiin akka jiraatu taasisa

20. Mirgoota dubartoonni ***karaa dinagdee*** argachuu qaban isa kami?

    A. Carraa filuu fi filatamuuf qabaachuu

    B. Aangoo bulchiinsa mootummaa qabaachuu

    C. Barsiifata miidhaa qaqqabsiisu irraa bilisa ta'uu

    D. Qabeenya horachuu fi dabarsuu danda'uu

21. Namni hojii uummataa qacaramee hojjetu tokko haqummaan hojjechuu isaa kan agarsiisu isa kami?

    A. Amanamummaan hojjechuu qaba

    B. Fedhii isaatiin ala hojjechuu qaba

    C. Dandeettii isaa gadi hojjechuu qaba

    D. Dirqamaan hojjechuu qaba

22. Abbootiin aangoo fedhii fi faayidaa uummataatiif dursa kennuu qabu yaadni jedhu maali agarsiisa?

    A. Fedhii fi faayidaa uummataa giddu-galeeffachuu

    B. Fedhii fi faayidaa qaama bulchuu giddu-galeeffachuu

    C. Fedhii fi faayidaa garee xiqqaa giddu-galeeffachuu

    D. Fedhii fi faayidaa abbootii taayitaa giddu-galeeffachuu

23. Akka Heera MFDRI yeroo ammaatti mana murtii ilaalchisee ***sirrii*** kan ta'e isa kami?

    A. Manni murtii seera raawwachiisuuf aangoo qaba

    B. Manni murtii dhiibbaa kamirraayyuu bilisa

    C. Manni murtii abbootii aangootiif dursa kenna

    D. Manni murtii seera tumuuf aangoo qaba

24. Akka heera Mootummaa Federaalawaa Diimookiraatawaa Rippuubiliika Itoophiyaa yeroo ammaatti, yaada rimeen ***walqixxummaa dinagdee*** maaliin ibsama?

    A. Naannoo murtoofte keessa waliin jiraachuu dha

    B. Ogummaa jireenyaa tokko ta'e hordofuu

    C. Qabeenyaa horachuuf carraa argachuu

    D. Qabeenyaa walqixa ta'e qabaachuu dha

25. Ijoon kaayyoon Imaammata alaa yeroo ammaa Itoophiyaan hordoftu isa kami?

    A. Birmadummaa fi fedhii biyyoolessaatiif dursa kennuu

    B. Fedhii fi faayidaa biyyoota ollaatiif dursa kennuu

    C. Weeraraan biyya biroo qabachuuf dursa kennuu

    D. Yeroo hundaa gargaarsa argachuuf of-qopheessuu`

26. Saboonni, sablammoonnii fi uummattootni miira jaalala biyyaa akka gabbifataniif maaltu barbaachisa?
    A. Garaagarummaa ture dhabamsiisaa adeemuu
    B. Kabajamuu mirgoota namummaa fi diimookiraasii gabbisuu
    C. Baayinummaa Afaanotaa gara tokkotti fiduu
    D. Baayinummaa hawaasaa xiqqeessaa adeemuu
27. Qaama haqaa kan aadaa walitti bu'iinsa karaa nagaa hiikan jedhamee kan beekamu isa kami?
    A. Mana murtii
    B. Qaama seera hiiku
    C. Abbootii Gadaa
    D. Waajjira poolisii
28. Haqummaan biyya tokko keessa jiraachuun karaa kamiin ibsamuu danda'a?
    A. Qaamni aangoo qabu olaantummaa isaa mirkaneessuu
    B. Mirgoonni garee xiqqaa qofti xiyyeeffannoo yoo argate
    C. Bu'aa fi faayidaan abbootii taayitaa kan uummataa yoo caale
    D. Lammiiwwan walqixxummaan tajaajilaa fi eegumsa argachuu
29. Itoophiyaan sirnoota darban keessa sadarkaa addunyaatti maqaa gaarii ittiin beekamaa turte isa kami?
    A. Misooma amansiisaa mirkaneessuu
    B. Birmadummaa ishee eeggachuun
    C. Lammiileen gama adda addaatiin of-danda'uu
    D. Bulchiinsa gaarii mirkaneessuu

30. Itoophiyaan yeroo ammaa kana sadarkaa addunyaatti kan qaanessu keessaa inni guddaan kami?
    A. Hiyyummaa keessa jiraachuu ishee
    B. Qabeenyaa uumamaa dhabuu ishee
    C. Birmadummaa eeggachuu dhabuu ishee
    D. Aadaa walkabajuu fi waldanda'uu dhabuu ishee
31. Kan armaan gadii keessaa itti gaafatamummaa waliinii bahuun bu'aa isaati
    A. Namoota murta'aa fayyada
    B. Namoota baay'eef faayida kenna
    C. Yeroo baay'ee nama jalaa fudhata
    D. Hojii duubatti harkisa
32. Qabeenya uumamaa fi dabareewwan seenaa kan jedhaaman
    A. Hawaasni jiruuf jireenya isa keessatti kan uume
    B. Uumamaan kan argaman
    C. Eenyummaa saba tokkoo kan ibsan
    D. Hundinu deebii sirrii dha
33. Vaayirasii HIV daddabarsuu kan hindandeenye isa kamidha?
    A. Dhaqna qabaa
    B. Ilkaan daa'immanii baasuu
    C. Dhaqna dhidhiibbachuu
    D. Limmoo waliin fayyadamuu
34. Waadaa galan kabajuu dhabuun
    A. Hattummaadha
    B. Amaanaa eeguudha
    C. Amanamummaadha
    D. Ittigaafatamummaa bahachuudha

35. Amala hirkattummaa fi qaanessaa kan ta'e isa kami?
    A. Yeroo haalaan fayyadamuu
    B. Osoo hin hojjetin nyaachuu
    C. Naamusa hojiitti hirmaachuu
    D. Hojii tuffachuu dhiisuu
36. Gufuu misoomaa fi dinagdee biyyaa kan ta'an keessa tokko isa kami?
    A. Kadhachuu
    B. Osoo hin hojjetiin nyaachuu
    C. Hojii gadaanaa fi olaanaa jedhanii tuffachuu
    D. Hundinuu deebii sirriidha
37. Aadaa hojii cimaa keessatti ogeessa tokkoof baay'ee barbaachisaa kan ta'e isa kamidha?
    A. Aangoo isaatiin of fayyaduu
    B. Naamusa ogummaa qabachuu
    C. Ogummaa ittiin barate duwwaadhan hojjechuu
    D. Deebii sirrii hin qabu
38. Obbo Urgeessaan lammii hojii fakkeenya qabu raawwate kan jedhamu yoo maal gochuu danda'edha ?
    A. Qotee bulaa keessatti yoo hirmaate
    B. Abba qabeenyaa haala salphaan argate yoo ta'eedha
    C. Hojii maqaa biyyaa, uummataa fi alaabaa kan waamasiisuu yoo raawwatedha.
    D. Deebii sirrii ta'e hin qabu
39. Namni of danda'u tokko kan badhaafamuuf maaliif?
    A. Ciminaan waan hojjeteef
    B. Jajjabina bu'aa hojii isaatiif
    C. Ofitti amanamummaa cimsaa waan jiruuf
    D. Hundinuu deebii sirriidha.

40. Kannen armaan gadii keessaa daldalli kontirobaandii miidha maali qaba?

A. Yaada hirkattummaa babal'isa
B. Yakka biyyaa fi uummata miidhu miti
C. Walta'iinsa mootummaa fi uummata fida
D. Deebii sirriin hin kennamne

41. Ilaalcha maxxantummaa namni qabu
A. Biyyaaf bu'aa guddaa kenna
B. Maatiif bu'aa guddaa kenna
C. Walta'iinsa mootummaa fi uummataa jabeessa
D. Miidhaa guddaa biyyaarratti fida

42. Ofiif kabaja kennuu jechuun
A. Of xiqqeessanii ilaaluudha
B. Iddoo sirrii kan ofii tahe beekuudha
C. Yaada ofii ibsurraa of qusachuudha
D. Walqunnamtii hawaasummaa irraa fagaachuudha

43. Barmaatileen booddeetti hafoo namoota baay'ee hiyyummaaf saaxilan
A. Afeerraan garaagaraa baay'achuu dha
B. Baankii keessatti qarshii qusachuu dha
C. Inshuuransii keessatti hirmaachuu dha
D. Iqubii namoota wajjiin seenuu dha

44. Obbo Tolasaan qarshii kudhaan torbee torbeedhaan obbo Qaadiir biratti kennee,guyyaa carraan isa gahe qarshii isaa ni fudhata.Gochi kun aadaa qusannaa keessa isa kami?
A. Inshuuraansii dha
B. Baankii dha
C. Iqubii dha
D. Afoosha dha

45. Addee Faaxumaan baasii fi galii ishee ni tilmaamti yoo jennu
A. Qusannoo hin beektu jechuudha

B. Karoora hin beektu jechuudha
C. Madda galii hin qabdu jechuudha
D. Faayidaa mallaqaa ni beektii jechuudha

46. Namni egereef yaadu tokko maal gochuu qaba?
A. Qarshii qabu amma fayyadamuu qaba
B. Eegumsaa fi kunuunsa naannoof gochuu qaba
C. Qabeenya uumamaa duguugee fayyadamuu qaba
D. Hundinuu deebii sirrii dha

47. Himoota armaan gadii keessaa tokko aadaa qusannoo miti
A. Toofta galii fi baasii wal madaaleen jiraachuu
B. Baajeta qabnu walqixa hirree fayyadamu
C. Karoora maatii fedhii daangaa dhabeessaa keessumeessuu
D. Hundinuu deebii sirrii dha.

48. Jireenya keessatti waan hojjetamu tartiibaan ka'aanii raawwachuun maalidha?
A. Qusannoodha
B. Karooradhaa
C. Aadaadha
D. Dondhummadha

49. Namoota bu'aa hojii olaanaa fidaniif jajjabinni taasifamu maali jedhama?
A. Hirkattuummaa
B. Adabbii
C. Badhaasa
D. Of danda'uu

50. Hirmaannaan ummataa si'aayina qabu yoo jiraate maaliin ibsama?
A. Yeroo hojii misoomaa humnaan deeggaruu
B. Yeroo hojii misoomaa argamuun jajjabeessuu
C. Sochii misooma nannoo keessatti qaamaan argamuu
D. Hundinuu deebii sirriidha

51. Gurmaa'uu jechuun maal jechuudha?
A. Kaayyoo walfakkaatuuf waldaan ijaaramuu

B. Waldaa daldaala miti
C. Kaayyoo wal hinfakkaanneef ijaaramuu
D. Gahee beekumsa dhuunfaa jechuudha

52. Bulchiinsi gaarii hir'ateera yoo jennu maal jechuudha?
A. Loogummaan hi'rate jechuudha
B. Malaanmaltummaan hir'ate jechuudha
C. Abbootiin dhimmaa yeroon keessumaa'an jechuudha
D. Deebiin hin kennamne

53. Hirmaannaa bakka bu'iinsaa jechuun maal jechuudha?
A. Karaa nama filatanii buluu dha
B. Hirmannaa kallatti agarsiisa
C. Itti gaafatamuummaa hin qabu
D. Hundinuu deebii sirriidha

54. Haallii dimookiraatawa hir'achuu isaa wantoota ibsan keessatti kan ramadamuu isa kami?
A. Abbaa irrummaa
B. Itti gaafatamummaan namoota dhuunfaan qabamuu
C. Heera maqsanii fayyadamuu
D. Hundinuu deebii sirriidha

55. Ilaalchi oftuulummaa kan hin jijjiiramne yoomidha?
A. Manneen barnoota yoo babal'atan
B. Saayinsii fi tekinooloojiin xiqqaachaa yoo deeme
C. Yeroo dhaloonni ilaalcha saayinsaawwan guutame
D. Itti gaafatamummaan yoo lammiilee biratti fudhatama argate

56. Kannen armaan gadii keessaa madda ragaa qayyaabbannoo bal'aa ta'uu kan danda'u isa kami?
A. Teeppii
B. Raadiyoona
C. mana kitaaba
D. Gaazexaa

57. Yeroo qayyabbannoo bu'aan yaadannoo qabachuu kan **hintaane** isa kami?

A. Barnooticha hangam akka hubannee madaluuf
B. Wantoota nuuf hin galiin mareef dhiyeessuuf
C. Barnoota akka hin yaadanee gochuuf.
D. Deebii hin jiru

58. Madda beekumsaa olaanaa kan ta'e isa kami?
A. Raadiyoona
B. Mana barumsaa
C. Teeppii
D. deebii hin kennamne

59. Kan seera qabeessa ta'anii fi madda amanamoo irraa kan argamu maal jedhama?
A. Ragaa amansiisaa
B. Ragaa soba
C. ragaa dogoggoraa
D. deebiin hin kennamneef

60. Kanneen keessaa tokko gocha qisaasummaaf geessisuudha
A. Manneen fiilimii babaldhisuu
B. Qusannoo maatii baruu
C. Lammiilee hundaaf carraa barnootaa uumuu
D. Deebii hin kennamnef

1. Itti gaafatamummaa gahumsaan bahachuun
A. Fakkeenyummaaf hin fayyadu

B. Waadaa walqunmtii hin qabu
C. Gammachuu sammuu fi jijjiirama jireenya fida
D. Faayidaa dhuunfaa hin qabu

2. Namoonni mataa isaanii danda'uuf yaalii godhan
   A. Maatii isaanii qofa fayyadu
   B. Mataa isaanii qofa fayyadu
   C. Lammilee, mataa isaanii, biyya isaanii fi maatii isaani kan fayyadani dha
   D. Bu'aa hin buusan
3. Namoonni ilaalcha maxxantummaa qaban
   A. Ba'aa maatiiti
   B. Ba'aa biyyaati
   C. kan leeyya'anidha
   D. hundinuu deebii sirriidha
4. Of danda'uu jechuun
   A. Hirkattummaa irraa hiikamuu jechuudha
   B. Namoota irraa adda ba'uu jechuudha
   C. Kannen biroo qofti akka ofdanda'an deeggarsa gochuu
   D. Hundinuu deebii sirriidha
5. Hambaawwaan seenaa
   A. Madda galii hin ta'an
   B. Mallattoo eenyummaati
   C. Ragummaa baraa hin qaban
   D. Bashannanaaf hin oolan

6. Sababiin qisaassa'uu qabeenya uumamaa fi dabarreewwan seenaa maali?
   A. Hubannoo fi miirri itti gaafatamummaa xiqqaachuu
   B. Baballachuu turizimmii

C. Xiqqaachuu paarkii

D. Deebiin hin kennamne

7. Namni namoota biroo irraa barachuuf qophii qabu

A. Hirkataa dha
C. Dadhabaadha
B. Nama ofitti amanu dha
D. hundinuu deebii sirriidha

8. Qarshii of harka kaa'uu caalaa tooftaan filatamaan kan **hintaane** isa kami?

A. Insuraansii bitachuu
C. qabeenya dhumaatti jijjiiruu
B. Mana baankii kaa'uu
D. Hundinuu deebii sirridha

9. Kannen armaan gadii keessaa ilaalchi oftuulummaa kan keessatti mul'atu isa kami?

A. Shamarran barsiisuun hawaasa barsiisuu miti

B. Dubartiin beekaa deessii malee beektuu hin qabdu

C. Kan qabu irraa dhalachuu ykn kan qabutti hirkachuu

D. Hundinuu deebii sirrii dha

10. Dondhummaan qusannoo irraa kan adda ta'u

A. Of jaallachuu humnaan olii waan ibsuuf

B. Of miidhuu irratti waan hundaa'uuf

C. Ciminaan hojjechuu waan hin jajjabeessineef

D. Hunduu deebii sirriidha